# Jibba/Loogii Gabaasaa

Miseensonni hawaasaa mudannoowwan jibba namoota hidda dhalootaa Asian fi Pacific Islander (API) irratti yeroo weerara KOOVID-19 itti ilaamame gara Washington State Commission on Asian Pacific American Affairs (CAPAA) itti dabarsanii jiru. Akka tasaa ta'ee, CAPAA'n hojii dhimma sanaa hin hojjetu, gorsaa seeraas hin dhiyeessu. Miidhamtoonnii gochoota jibbaa hundi sochiiwwan armaan gadii akka fudhataniif isaan hubachiisna:

**Gargaarsa meedikaalaa argachuu, yoo barbaachisaa ta'e.**

**Mudannoo sanaa booda odeeffanoo yakka sana hundumaa hanga dandeessanitti barreessaa.** Saala, umurii, dheerina, sanyii, ulfaatina, huccuuwwan akkasumas amaloota beekamoo yakkamaa sanaa ta'an keessatti dabalaa. Sodaachisuun yookin komiiwwan loogii qaban yoo raawwataniiru ta'e, gabaasa keessatti dabalaa.

**Gabaasa godhaa.** Mudannicha hojii irra oochitoota seeraa naannoo keessanii itti gabaasaa. Yoo miidhamaan sun gara poolisii deemuu hin barbaadu ta'e, gabaasicha gara humnoota Mirgoota Siivilii/ Mirgoota Namoomaa naannoo keessanii itti gabaasaa. Mudannoon sun hiikaa seeraa yakka jibbaatiif ulaagaa guutuu baatu iyyuu, ammallee qaama dhimmi ilaallatutti gabaasuun baay'ee baarbaachisaadha. Maaloo odeeffanoo armaan gadii itti eeraman irra hubadhaa.

Naannoon, kaawontiin, mootummaan magaalaa akkasumas dhaabbileen biroo yeroo hundumaa qabeenyota armaan gadii itti eeraman dabalachuudhaan gochoota jibbaa fi loogii bakka itti gabaasan qabu, garuu qabeenyota armaan gadi itti eeraman qofaarratti kan daangeffaman miti:

- Washington State Human Rights Commission
  Akka seeraatti namoonni hundi bakka hojii itti, mana jireenyaa hawaasaa yookin bakka liqii fii yeroo inshuraansiin barbaachisutti loogii gochuudhaaf mirga qaba. Sadarkaa barnootaa daangeffame irrattii hundaa'udhaan namni akka loogiin irratti hojjetametti amanu kamiyyuu hojjettootaaf, dhiyeessitoota manneenii akkasumas dhaabbilee daldalaatiif himata loogummaa dhiheessuu danda'a.

- King County Office of Civil Rights
  Waajirri kun mootummaa Kiing Kaawontii dhaaf, hojjettootaaf, dhiheessitoota manneenii, akkasumas bakka daldalaa kutaa Kiing Kaawontii kan namni irra hin qubannee (magaalotaan alaa) irratti komiiwwan loogii to'achuudhaaf aangoo qaba.

- Seattle Office for Civil Rights
  Waajirii kun daangaa magaalaa Siyaatil keessatti manatti, bakka hojiitti akkasumas bakkeewwan hawaasaatti seerota kanneen haleellaawwan loogii isin irratti raawwatan irraa isin ittisan jajjabeessa.

- Spokane Police Department: Yakkoota Jibbaa fi Loogii Gabaasuu
  Fuulli kun odeeffannoo waayee yakki jibbinsaa maal akka ta'e ibsuu, akkasumas akkamitti akka gabaasnuu of keessatti qaba.

- [City of Spokane's Human Rights Commission]
  Yoo magaalaa Spokane keessa jiraattu ta'e kuni qabxii qunnamtii isa sirrii ta'edha. Fuulichi gosoota komii garaagaraa irratti odeeffannoo of keessaatti qabaatee jira.

- [Guca Gabaasa mudannoo Jibbaa Spokane County Human Rights Task Force]
  Yoo magaalaa Spokane keessa bakka ta'e jiraattu ta'e, kuni qabxii qunnamtii isa sirrii ta'edha.

maaltu akka raawwachaa jiru akkasumas seeraa qindeessuuf hawaasicha barsiisuudhaaf akka isin gargaaruuf qaamota armaan gadii keessa isa tokkoof gabaasa godhaa. Gara kanatti deemuu dandeessu.

- [Warran Jibbamaniif Dhaabbadhaa]
  Asian Americans Advancing Justice mudannoowwan loogii raawwachaa jiran hordofaa jiru. Waanta isin irratti mudate yookin argitan namaaf qooduun hawaasicha barsiisuu, warreen kaan jajjabeessuu, bakka gargaarsi barbaachisutti kennitoota tajaajilaa agarsiisuu akkasumas deebii fi mala ittisaa yakkoota jibbaatiif carraaqqiiwwan deeggarsaa jajjabeessuu. Gucootni afaan Ingiliffaan, Chaayiniffaa (kan aadaa fi isa salphaa), Koriyaanotaa fi Veetinamotaatiin ni argamu.

- [Guca Mudannoo Jibbaa AAPI]
  OCA – Asian Pacific American Advocates hawaasummaa, siyaasaa, nageenya, akkasumas diinagdee Asian Americans akkasumas Pacific Islander (AAPIs) irratti gaggeessuudhaaf ejjannoo cimaa qabu. Mudannoowwan jibbaa karaa guca kanaa gabaasuun nuyiif nu fayyada (OCA)– Asian Pacific American Advocates jibba gara AAPI guutuummaa biyyattii keessatti raawwachaa jiran to'ata.

- [Jibba AAPI  Dhiisaa]
  Asian Pacific Policy and Planning Council (A3PCON) akkasumas Chinese for Affirmative Action (CAA) miseensonni maatii mudannoowwan jibbaa isaan irratti mudate akka gabaasan eeyyamuudhaaf gidduugala gabaasaa kana eegalsiisanii jiru. Odeeffannoon dhuunfaa, odeeffannoo eenyummeessaa dhuunfaa dabalatee, icciitiidhan kaawaama akkasumas eeyyama waliin qofa namaaf qoodama. Walumaa galatti odeeffannichi gargaarsaaf, eegumsaaf akkasumas barnootaaf hojii irra oola Gucootni Afaan Ingiliffaa, Veetinaamotaa, Chaayinotaa, Koriyaanotaa, Kiimer, Taa'i akkasumas Jaappaniffaatiin ni argamu.

Dhumarratti, Human Rights Campaign (HRC) namoota yakka jibbaatiif saaxilamaniif qajeelfama qaba: [Yoo Yakka Jibbaa Kanaaf Saaxilamtaniittu Ta'e Maal Akka Gochuu Qabdan].